ANAADHUFU!

SAGANTAA LEENJII

BIIROO BARNOOTAA FINFINEETTI

BARSIISOTA AFAAN OROMOOF

QOPHAA'E

Fifinnee

QABIYYEE KITAABA BARATAA AFAAN OROMOO HAAROMSUUFI SIRNA BARNOOTA GADAA QOPHEESSUU

(Kutaa 1-8 kan xiyyeeffate)

Fedhasaa Taaddasaa

Adoolessa, 2020

Finfinnee, Oromiyaa

Seensa

- Kitaabni barataa afaan barsiisu qabiyyee addaddaatiin dhiyaatee ijoolleen beekumsa dabalataa akka horatanitti mijaawee qophaa’uu qaba.
- Barnoota daree keessatti kennamu qabiyyee gahumsa barattootaan walsimu ta’uu qaba.
- Barnoonni aadaafi duudhaa hawaasaa bu’ureffate yoo qophaa’e, dhaloonni ofta’ee akka guddatu gochuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Kaayyoon leenjichaa:

- Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti haala naannoo Finfinnee hammachiisuu,
- Sirna barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 haaromsuufi kitaaba barataa qopheessuu,
- Sirna barnoota Gadaa kutaa 1-8 qopheessuu.

Afaanii maali?

Gaaffii: 1

Gaaffilee kanarratti gareen mariyadhaa

1. Afaan jechuun maal jechuudha?
2. Afaan yeroo baratamu maal maalsaatu xiyyeeffatama?
3. Dandeettiiwwan afaanii arfan (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) barsiisuuf tarsiimoo akkamii fayyadamaa turtan?
4. Barattootni Afaan Oromootiin afaan hiikkatan dandeettiiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuu eessaa baratu? Barreessuufi dubbisuuwoo?

Afaan:

- Jechi ‘afaan’ jedhu kun isa Ingiliffaan ‘language’ jedhamu ta’ee, maaddisaa jecha laatinii ‘lingua’ jedhurraa madde. Innis, “*afaan, arraba*” jechuudha. Hayyoonni addaddaa afaanirratti hiika garagaraa kennaniiru. Kanneen keessaa muraasni:
- Meeshaa waliigalteeti;
- Afaan baattuu aadaafi eenyummaa hawaasaati.
- Afaan ilma namaaf waan hunda; kan itti jiraatan; kan ittiin jiratan jireenya!

Itti fufe...

- Afaan malee hawaasni hinjiru; hawaasa malees afaan hinjiru; afaaniin aadaan calaqqisa.
- Kanaafuu, aadaa, afaaniifi hawaasni sadan tokkumaa waliin jiraatanidha!
- Tokko kaanirraa adda baasanii qorachuunis ta’e jiraachisuun hindandaa’amu.
- Waa’een afaanii yoo kahe aadaafi hawaasnis duukuma jira jechuudha.

Itti fufe...

- Kanaaf Afaan Oromoo barsiisuu qofti ga’aadhaa?
- Oromoofi Oromummaan xiyyeeffatamuu hinqabuu?
- Aadaa, duudhaa, seenaa, aartiifi falaasamni Oromoo akkamiin xiyyeeffannoon sirna barnootaa keessatti hammatamaa?
- Sirni Gadaas akkamiin daandii barnootaa irraan dhaloota qaqqabaa?

Har’a kanarratti mariyanna!

KUTAA 1: QABIYYEE SIRNA BARNOOTA AFAAN OROMOO HAAROMSUU

- **Gaaffii: 2**

Gaaffilee asii gadiirratti mariyadhaa!

1. Sirna barnootaa jechuun maal jechuudha?
2. Qabiyyee sirna barnoota afaanii akkamitti qopheessuutu filatamaadhaa?
3. Kitaaba sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessuuf sadarkaa kamitti maal xiyyeeffachuu barbaachisa?

Sirni barnootaa maali?

- Qajeeltoofi akeektuu qabiyyee barnotaa silabasiin irraa qophaa'udha.
- Yeroo baay'ee sadarkaa ministeera barnootaa ykn biiroo barnootaatti qophaa'uu mala.
- Sirna barnootaa gubbaa gadiifi sirna barnootaa jalaa olii jedhama.
- Sirni barnootaa gubbaa gadii qabiyyee barsiifamuu qabu sadarkaa 'MoE' qophaa'ee gadi diriira.
- Sirni barnootaa jalaa olii mana barumsaatti qophaa'ee gara 'MoE'tti ergama.

Sirni barnootaa aadaa bu'ureffate

- Sirni barnoota aadaa bu'ureffate kun Akkuma addunyaatti '*Barnoota Aadaa Danuu*' jedhama
- Barnoonni aadaa danuu, sochii fooyaa'iinsa barnootaa keessatti barattoonni *hawaasummaan adda ta'aniifi qomoo garagaraa keessaa dhufan,* kan *qooqaafi aadaa mataasaanii qaban*, walqixxummaan barnoota mana barumsaa keessatti argachuu akka danda'an kan mijeessuudha *(Banks 1995)*.

Itti fufe...

- Aadaafi seenaa hawaasa hundaa sirna barnootaa keessatti hammachiisuun sochii mirga dhala namaa bara 1960moota keessaa madde.
- Sochii lammiileen mirgasaaniif godhan kun walqoodiinsi hafaa deemuun sirni barnootaa fedhii, hawwii, aadaafi seenaa hundasaanii akka ofkeessatti haamatu taasisuuf qabsoo lammiileen hacuucamoon godhan ture (Banksfi Banks, 2001).

Itti fufe...

- Booda keessa sochiin kun goolaba argatee, sirna barnootaa keessatti aadaan, duudhaafi falaasamni hawaasa hundaa akka hammatamu taasifame.
- Sana boodas, dhaabbileen barnootaa mirga dhala namaa isa kamiifiyyuu dhabachuu akka qabu dhiibbaan irratti godhamuu eegale.
- Barnoonni aadaa danuus haala naannoo bu'ureffachuun qophaa'e banoota keessa seene.

Itti fufe...

Gaaffii: 3

- **Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun filiip chaartiirratti barreessaa dareef dhiyeessaa!**

1. Sirna barnootaa keessa aadaafi seenaa ummataa galchuun faayidaa qaba jettee yaaddaa? Maaliif?
2. Seenaa dagaagina sirna barnootaa biyya Itoophiyaa ija aadaa danuun yommuu madaaltan hanqinoota akkam akkamii argitu?
3. Aadaafi seenaan Oromoo biyya kana keessatti hacuucamaa ture sirna barnootaa keessa galuu dhabuunsaa ilmaan Oromoorratti dhiibbaa maalii uume?
4. ....

-

1.2. Dhiyeenya Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf tolu hammachiisuu

- **Gaaffii: 4**
- **Gaaffilee asii gadii deebisi.**

1. Dhiyeenyaaleen afaan barsiisuuf filataman maal maal fa’a akka ta’an tarreessuun faayidaa addaa qaban ibsi.
2. Afaan Oromoo barsiisuu keessatti malleen akkamiitu dandeettiiwwan afaanichaa gonfachiisuuf tolu?
3. Daree barnoota Afaan Oromoo yeroo ammaa barsiisaa jirtan keessatti maleenya kamiin fayyadamaa jirtuu?

1.2.1. Qabiyyee Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 1-4 haaromsuu

- **Gaaffii: 5**
- Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyadhaa

1. Daa’imman kutaa 1-4 baratan akkamiin haala naannoosaanii hubachaa dandeettiiwwan afaanii hundayyuu horachuu danda’u?
2. Sirna barnootaa keessatti naannoo bu’ureffachuu jechuun maal jechuudha?
3. Kitaabni barataa isin irraa barsiisaa jirtan hagam haala naannoo bu’ureffata?

Yaadannoo

- Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti:

1. Wantoota naannoo isaaniitti arganiin qabatamaan gara dirree barnootaatti fiduun ittiin afaan akka baratan gochuu... fknf, maqaafi moggaasa bakka magaalaa Finifinnee
2. Aadaafi seenaa ummatasaanii beekanii akka guddatan gochuu... fknf, dhimmo Oromoofi Oromummaa xiyyeeffachuu,

Yaadannoo…itti fufe…

- *Kitaabni barnootaa kutaa 1-4f qophaa'e haala Oromiyaa guutuu bu'ureffateen kan qophaa'edha.*
- *Sun ijoolleen waa'ee biyyashee akka beektuuf waan gargaaruuf gaariidha.*
- *Ta'us akka magaalaa Finfinneetti haaromsi taasifamuu feesisa. Qabiyyee Oromiyaa beekuuf fulcha kennuuf osoo hinmolqin waa'ee naannoo Finfinnee sirnaan hammachiisuun nidandaa'ama.*

Yaadannoo...itti fufe...

- *Fknf...Kitaaba barataa 2 boqonnaa 11 ROOBAAA kan jedhu sana keessaa baasuun dhimma magaalaa Finfinneetti jijjiiruun nidandaa'ama.*
- *Asitti kan jijjiiramu qabiyyee dubbisaati malee malli baruufi barsiisuus ta'e dandeettiin gonfatamu hinjijjiiramu.*
- *Qabiyyee dhiyeessinu kanas karaa addaddaa hammachiisuu dandeenya. Fknf. Faaruu..*

Yaadannoo...itti fufe...

Inxooxxoo dhaabbatanii

Caffee gadlaaluun hafee

Finfinnee loon geessanii

Hora obaasuun hafee

Tulluu Daalattiirratti

Yaa'iin Gullallee hafee

Gafarsatti dabranii

Qoraan cabsuunis hafee

Hurufa Boombiirratti

Jabbilee yaasuun hafee

•,

Yaadannoo…itti fufe…

Bara jarri dhufanii
Loon teenyas indhumanii
Idda Mashashaan dhufee
Birmadummaanis hafee.

Gaaffii: 7

- Yaadannoo asiin olitti siif dhiyaate bu’ureffachuun gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Akka mana barumsaa keessaniitti qabiyyee sirna barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 irratti fooyya’iinsa gochuun nibarbaachisa jettee yaadda? Maaliif?
2. Akka yaadannoo olii keessatti eerame yeroo kitaaba barataa kutaa 1-4 irratti haaromsi uumamu afoola, seenaafi bakkeewwan Oromiyaan walqabatan keessatti hanbisuun barbaachisaamoo miti? Maaliif?
3. ...

Yaadannoo 9: Haala Itti Abbaltiin Bocamu

- Qabiyyeen barnootaa tokko dhiyaatee akkaataa itti beekumsa barataan duraan qabus ta’e kan inni duuba horate madaaluuf abbaltii addaddaa dhiyeessuufiin barbaachisaadha.
- Haata’u malee, akaataan hojiis ta’e ajajani kennamu sadarkaa barnootaa barataa sanaan hedamuu qaba.
- Barnoota kutaa 1-4 keessatti ajajaan seera afaanii barsiisu hinkennamuuf; barattoonni shaakala keessa adda baafataa deemuutu caalaatti filatamaadha.
-

Yaadannoo 9… itti fufe…

- Fakkeenyaaf, barataa kutaa lama baratutti seera sagalee dheeraa gabaabaa agarsiisuu caalaa jechoota yeroo barreessus ta’e dubbisu seerri sun jiraachuu argaa akka deemu gochuudha.
- Kanaaf, yeroo abbaltii qopheessinuuf akkaataa isaan itti seericha ofiin hubachuu danda’an xiyyeeffachuu feesisa.

Gaaffii: 8

- **Gaaffilee asii gadiirratti waliin mariyadhaatii dareef ibsaa!**

1. Abbaltiin kutaa barnootaa keessatti barattootaaf dhiyaatu maaliif sadarkaa barnootasaanii akka bu’ureffatu taasifama?
2. Barataa kutaa 1-4 yeroo barsiifnu seera afaanii itti himuumoo ofiin akka inni baratu gochuutu filatamaadhaa?
3. Kitaabni barataa amma 1-4 ittiin barsiifamaa jiru dhiyeenya kamiin hordofaa?
4. ….

1.2.2. Sirna Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Haaromsuu

- **Gaaffii: 9**

1. Sadarkaa barnootaa kutaa 5-8 giduutti barattoonni dandeettiiwwan afaanii maal maal gonfatu?
2. Dandeettiiwwan gaaffii 1 keessatti tarreessitan kana akkamiin barsiisaa jirtu?
3. Dandeettiiwwan afaanii arfanii alatti barattoonni maal maal dabalataa deemu gaafa olsiqan?
4. Kitaaba Afaan Oromoo amma barsiisaa jiratan gama qabiyyeen akkamitti ilaalaa jirtuu? Qulqullinnisaawoo maal fakkaata?
5. Maal maaltu osoo fooyya’ee yaboo dhaammattu? Eenyummoo maal haa sirreessu jettu?

Yaadannoo 10: Dandeettii afaanii kutaa 5-8 horatamuu

- Kitaaba barataa kutaa 5-8 keessatti dandeettiiwwan horataman:

1. dandeettii afaanii arfan (dubbisuu, barreessuu, dhaggeeffachuufi dubbachuu),
2. seera qubeessuu (sagalee dheeraa gabaabaa, sagalee laafaa jabaa, sagalee irra butaafi hudhaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessa)
3. beekumsa seerluga afaanii
4. hiika jechootaa (hiika kallattii, hiika galumsaa,)
5. dandeettii barreeffama kalaqaa (asoosama, walaloofi bartaphee diraamaa...).

1.2.3. **Qabiyyee dubbisaaf dhiyaachuu qabu**

Yaadannoo: 11

- Afaan barsiisuu keessatti dhiyeenyaaleen addaddaa hojiirra oolanii jiru.
- Kanneen keessaa tokko dhiyeenya qabiyyee bu’ureffatudha (content based approach).
- Dhiyeenyi kun qabiyyee barataan barachuu fedhu dhiyeessaniifi qabiyyee sana osoo barsiisanii afaan barata jedhamee amanama.
- Fkn. Barnoota seenaan qabanii afaan barsiisuu
- Dhiyeenya kanaan aadaan qabanii Afaan Oromoo barsiisuun nidandaa’ama.
- Mala dubbisaa qabiyyee aadaa bu’ureffate qopheessuu…

Itti fufe...

Qabiyyee barbaachisaa dhiyeessuu



Abbaltiilee Qopheessuu



Dandeettiiwwan horataman

...itti fufe...



Dubbisuu

Dhaggeeffachuu

Dubbachuu

Walfalmii gochuu

Barreessuu

...itti fufe...


Dubbisuu
Hiika jechootaa
Barreessuu
Seerluga eeguu
Seeraan qubeessuu

…itti fufe…


Barruu kalaqaa qopheessuu
Asoosama
Walaloo
bartaphee/diraamaa
Beekumsa Afaan Oromoo guutuutti horatu
Ga’umsa barbaadamu

Gaaffii: 11

- **Gaaffilee asii gadii gareen irratti mariyadhaa!**

1. Sirni barnootaa biyya kanaa aadaafi seenaa sabaafi sablammii biyyattii hagam ofkeessatti haammate? Sun ta’uun dhiibbaa fide qabaa? Waan akkamii?
2. Kitaabileen Afaan Oromoo hanga har’aatti barsiifaman dubbisa akkam akkamii ofkeessaa qabuu? Ijoolleen seera afaanii ala dubbisa sanarraa waa baratu jettanii yaadduu?
3. ...

Yaadannoo 11: Aadaafi Seenaa Oromoo

- Oromoon jiruufi jireenyasaa keessattis safuufi safeeffannaan dhaloota guddisa.
- Kan hundaaf bu’ura kan ta’e bulchiinsa Sirna Gadaa jalatti ijaaramee mootummaa mataasaan bulaa ture.
- Duudhaalee akka sirna siiqqee, irreechaa, buttaa qaluu, ateetee facaafachuu, ingiccaa, taaboreefi kkf keessa falaasama guddaatu jira.
- Akkasums, Oromoon biyya kana keessatti gootummaa cimaadhaan beekama. Gootonni akka Taaddasaa Birruu, Agarii Tulluu, Abdiisaa Aagaa, Baaroo Tumsaa, Qees Guddinaa Tumsaa,

Itti fufe…

- Waaqoo Guutuu, Oliiqaa Dingil, Asteer Gannoo, Abbaa Gammachiis, Sheek Bakirii Saphaaloo, Dr. Haayilee Fidaa, Sheek Mohaammad Rashaad, Alii Birraa, Hacaaluu Hundeessaafi kkf hojii dhaloota kana keessa qaariyu Oromoof gumaachanii jiru.
- Seenaan isaan kanaa bifa dubbisaan kitaaba barataa keessa galuun dhaloonni gootummaa irraa barachuu qaba.
- Afoolli Oromoon ittiin walbarsiisaa tures hedduutu jira. Sunis hawaasa keessa guuraamee barumsa keessatti hammatamuun dhalootaaf oltaa’uu qaba.

Itti fufe…

- Mammaaksi, hibboon, oduun durii, durdurin, taphni ijoolleefi kan kana fakkaatu har’a dagatamee jiru askeessatti hammatamuu qaba.
- Kanneentu qabiyyee barnootaa keessaatti hammachiifamuu qaba.

Gaaffii: 12

- **Yaadannoo 11 olitti siif dhiyaate dhiyaateen walqabsiisuun gaaffilee asii gadii deebisi.**

1. Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 5-8 hanga yoonaa barsiifamaa jiru qabiyyee aadaafi seenaa Oromoo bu’ureffateeraa? Yoo hinbu’ureffanne ta’e maaltu godhamuu qaba?
2. Aadaafi seenaa Oromoo kana bifa dubbisaan qindeessanii qabiyyee barnootaa Afaan Oromoo keessa galchuun bu’aa maalii buusa? Bal’inaan ibsi!
3. ...

KUTAA 2: SIRNA BARNOOTA GADAA QOPHEESSUU

- **Gaaffii: 13**
- **Gaffilee asii gadiirratti mariyadhaa!**

1. Gadaan maali? Sana ta’uusaa eessaa dhageesse?
2. “Gadaan bu’ura dimokraasiiti!” jechi jedhu akkamitti siif hubatamee?
3. Gadaan dhimma bulchiinsa Oromoo qofaa moo waan biraas haammata? Maal maal fa’a?
4. Sirni Gadaa Oromoof maali jettee yaadda? Saba biraa birattoo akkamitti ilaalama?
5. ...

Yaadannoo 12: Sirna Gadaa

- Beektonni Oromoos ta’e lammiileen biroon waa’ee Gadaa maqumaan ykn akka oduu duriitti beeku malee itti jiraatanii shaakalaan hinbaranne.
- Warreen kanaaf Gadaan sirna bulchiinsa aadaa Oromoo kan dur dhalootaa dhalootatti daddarbaa ture qofaa akka ta’etti hubatamuu mala.
- Haata’u malee, Gadaan bulchiinsa durdurii qofaa miti; hundagaleessaafi madda dimokiraasii siyaasa (blue-print political democracy) kan ardiin Afriikaa addunyaaf gumaachitedha.
- Sirna bulchiinsaa ummanni Oromoo yeroo dheeraaf ittiin jiraataa turedhas.

Gadaa itti fufe…

- Sirni Gadaa akkuma sadoo ittiin sammuu daa’immanii qaree hawaasummaafi falaasama jireenyaatti guddisuun dabaalamee kan jiruufi namooma ilma namaa dursuun gaarummaafi qajeelummaan, nageenyaan waliin jiraachuu of keessatti kan qabuudha.
- Ijooleen Oromoos achi keessatti aadaa, seenaa, duudhaafi beekumsa abbootaa dhaalanii dhaloota itti aanuuf kuusu.
- Kanaaf Gadaan jireenya fuulduraa keessatti dhaloonni akkamiin madaqee akka jiraatu xiyyeeffatee kan hojjetudha.

Gadaa itti fufe…

- Akka seera Gadaatti namni dhalate kamiyyuu gulantaa keessa darbu niqabaata. Kunis *tuuta dhalootaafi tuuta umrii* jedhama. Tootni dhalootaa gurmaa'ina siyaasaa yommuu ta'u, adeemsa abbaan ilmatti darbuun haalli geggeessummaa toora qabatuudha. Gadaan tuuta dhalootaa shan qaba. Isaanis, Birmajii, Roobalee, Harmufa, Michillee… dhaloonni Gadaan tokko waggaa saddeet bulcha. Sana boodas marsaa itti aanu tuuta dhalootaa biroo keessaa aangoo dorgomuun abbaan gadaa aangoo qabata.

Gadaa itti fufe…

- Akka kanaan marsaa marsaan walga’ee, bara afurtamatti gadaan ilmaa gara aangootti dhufa.
- Tuutni umrii waggaa saddeet saddeetiin kan qoodame yommuu ta’u, namni dhalatee hanga du’utti gumaacha sadrkaa sadarkaan hawaasaaf taasisu achi keessatti raawwata.
- Akka kanaan Dabballee (umrii 1-8), Gaammee Xixiqqaa (9-16), Gaammee Gurguddaa (17-24), Kuusa (25-32), Raabaa Doorii (32-40), Gadaa (40-48), Yuba (49-56), Yuba jalqabaa (56-64)… jedhee hanga gadamoojjiitti itti fufa.

Gadaa itti fufe…

- Walumaagalatti, Gadaan waan hundaa jiruufi jireenyaa ummata Oromooti.
- Gadaan itti jiraatama malee qorannoo gochuun waan hubatamu miti.
- Aadaan, duudhaan, raawwiin waan hundaa, falaasamni jireenyaa, achi keessa waan jiruuf Gadaa walxaxaadha; kan hayyoonni hiikasaa kana jedhanii lafa kaa’uun rakkatanis kanaafidha.
- Gada sirna barnootaa keessa galchuu jechuun waan jiruufi jireeenya hundaa fdhaloota barsiisuu jechuudha.

Gaaffii: 12

1. Yaadannoo olitti dhiyaaterraa maal hubatte?
2. Umrii amma jiraatte keessatti maaliif Gadaa akka har’aa kanatti hinhubanne?
3. Dirree barnootaa barattee as qaarite keessatti nama waa’ee Gadaa barsiisu argitee beektaa?
4. Barbaachisummaan sirna barnoota Gadaa sitti muldhataa? Maaliif?
5. Sirni barnoota Gadaa qophaa’ee akka gosa barnoota tokkootti kutaa 1-12tti yoo kenname bu’aa maalii buusa? Sana raawwachuuf maaltu danqaa ta’a jettee yaadda?
6. Osoo sirna barnoota Gadaa kana qopheessuuf carraa argattee dursitee maal goota?

Maaltu raawwatamuu qaba?

1. Qorannoo sakatta’iinsaa gadaarratti taasisuu
2. Sirna barnootaa gadaa bu’ureffate qopheessuu…
3. Silabasii qabxiilee sadarkaa sadarkaan jiran hammate qopheessuu… (Kutaa kam keessatti maaltu hammatamuu qaba?)
4. Kitaaba barataa qopheessuu

Hubachiisaa! Hojii bilchina qabu hojjechuuf hayyoota Afaan Oromoo, Fookloorii Oromoo, Antiroppoloojistoota, sirna barnootaafi kkf fayyadamuu feesisa!

Xumureera

jiraadhaa!